# Waan guddaa irraa gaaffatte, inni nama Rabbiin laaffiseef irratti laafaadha

Mu’aaz ibnu Jabal irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: yaa ergamaa Rabbii! hojii jannata na seensisee ibidda irraa na fageessu natti himaa? isaanis akkas jedhani: «Waan guddaa irraa gaaffatte, inni nama Rabbiin laaffiseef irratti laafaadha: Homaa isatti osoo hin qindeessin Rabbiin gabbarta, salaata gadi dhaabda, zakaa kennita, ramadaana soomanta, mana Rabbiitti hajjita" eegasii Nabiyyiin akkas jedhani: "hulaawwan toltuutti si qajeelchuu? Soomni gaachana, sadaqaan akka ibiddi bishaan dhaamsutti badii dhaamsa, salaanni namichi halkan keessa salaatu" eegasii jecha Rabbii ol ta’ee kana ni qara'an: {Cinaachi isaanii ciisicha irraa ni fagaatti} jedhu. hanga jecha Rabbii aayaa itti aanuu {waan isaan hojjataa turaniif jecha} jedhu gayutti qara’anii, eegasii ammas akkas jedhani: "mataa (indoo) dubbii, utubaa isaa fi fiixee dalluu isaa (woroo isaa) sitti himuu?" eeyyen natti himaa yaa ergamaa Rabbiin jedhe: "mataan (indoon) dubbii islaamummaadha, utubaan isaa salaata, fiixeen dalluu isaa (woroon isaa) jihaada" eegasii ammas akkas jedhani: "wan san hunda walitti qabu (guutu) sitti himuu?" eeyyeen natti himaa yaa ergamaa Rabbiin jedhe: arraba isaanii qabuun akkas jedhani: "kana ofirratti qabi" yaa ergamaa Rabbii nuti waan dubbannuun ni qabamnaa? Jedhe, isaanis ni jedhan: "haati kee si haa dhabdu! Namoota fuula isaaniitiin ibiddatti kan naqu oomisha (dubbii) arraba isaani malee maali?»!

[sirrii] [tirmizii odeesse]

Mu'aaz, Rabbiin irraa haa jaallatu, akkana jedhe: Ani imala wahii keessatti Nabiyyii wajjiin ture, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu, guyyaa tokko osoo deemutti jirruu ani itti dhihaadhee, akkana jedheen: Yaa Ergamaa Rabbii, waan Jannata na galchee ibidda irraa na fageessu natti himi, Isaanis akkana jedhan: Hojii isa hojjechuun lubbuuwwan irratti ulfaatu irraa dhugumatti na gaafatte, garuu inni nama Rabbiin salphiseef irratti salphaa dha, Dirqamoota Islaamaa raawwadhu: Tokkoffaa: Osoo homaa itti hin daballe Rabbii tokkicha qofa gabbarta. Lammaffaa: Salaata dirqamaa shanan halkanii fi guyyaa keessatti ulaagaalee, utubaalee fi dirqamoota isaanii eeguun raawwatta, isaanis: salaata subhii, Zuhrii, asrii, magriba fi Ishaa'iidha. Sadaffaa: Zakaa dirqamaa ni baafta, isheenis ibaadaa qabeenyaa tan qabeenya shari’aa keessatti hanga murtaa’e irra gahe hunda keessatti dirqama taatuudha, namoota ishee haqa godhataniif kennamti. Afraffaa: Sooma Ramadaanaa ni soomta, innis nyaata, dhugaatii fi wantoota biroo kan sooma balleessan irraa barii irraa kaasee hanga aduun lixxutti niyyaa Rabbiin gabbaruutin of qabuudha. Shanaffaa: Makkaa deemuudhaan sirnoota Hajjii niyyaa Rabbii ol ta'e gabbaruutin ni raawwatta. Ergasii isaan -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akkana jedhan: Karaawwan balbala kheyritti nama geessan si barsiisuu? sunis dirqamoota sana jala sunnaalee hordofsiisuudha: Tokkoffaa: Sooma

sunnaati, inni fedhii keessatti cabsuu fi humna laaffisuun namicha akka badii keessa hin kufne taasisa. Lammaffaa: Sadaqaan sunnaa dilii erga raawwatanii booda dhaamsitee, mallattoo isaas balleessiti. Sadaffaa: Salaata Tahajjudaa halkan sadaffaa isa dhumaa keessatti salaatamuudha, ergasii nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu ni qara'an: {Tatajaafaa junuubuhum} jechuunis: cinaachi isaanii ni fagaatti jechuudha, {Anil madaaji'i} jechuunis: bakkoolee hirriibaa irraa jechuudha, {Rabbii isaanii kadhatan} salaata salaatuun, Zikrii gochuun, Qur'aana dubbisuun, Rabbiin kadhachuun, {Sodaatanii fi kajeelaa, waan Nuti isaaniif kennine irraas ni sadaqatu, lubbuun kamiyyuu waan gammachuu ijaa irraa isaanif dhokfame hin beektu} Kana jechuun guyyaa qiyaamaa fi jannata keessatti qananii irraa waan ijji isaanii itti gammadduudha, {Mindaa waan isaan hojjataa turaniif jecha}. Ergasii nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu, akkana jedhan: Bu'ura amantii, utubaa isaa kan inni irratti hirkatuu fi fiixxee dalluu isaa siif himuu? Mu'aaz, Rabbiin irraa haa jaallatu, akkana jedhe: Eeyyee yaa Ergamaa Rabbii. Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: Mataan dubbii: Islaamummaadha, innis shahaadaa lamaani, isaan lamaanin bu'urri amantii ilma namaa bira jiraata. Utubaan isaa: salaata, Akkuma manni utubaa malee ta’uu hin dandeenye salaataan malee islaamummaan hin jiru, Namni salaate amantiin isaa jabaatee ol ka'a; fiixxeen dalluu isaati fi ol ka'iinsi isaa jihaada fi diina amantiitin loluu keessatti jecha Rabbii ol taasisuuf jecha carraaqqii gochuudha. Eegasii nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu, akkana jedhan: mirkaneessa wanta armaan olitti dabree sitti himuu? eegasii isaan nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu arraba isaanii qabatanii akkana jedhan: Kana ittisi waan si hin fayyanne hin dubbatin. Mu'aaz akkana jedhe: Rabbiin keenya waan nuti dubbannu hundaaf jecha nu adabaa?! Isaanis, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatuu, akkana jedhan: Haati kee si haa dhabdu! Isatti kadhachuuf kan yaadame osoo hin taane, garuu inni waan Araboonni wanni kun xiyyeeffannaa itti kennuu fi beekamuu qaba jedhanii yaadan keessatti fayyadamaniidha. Ergasii akkana jedhan: Miidhaan arraba isaanii kufrii, nama zinaan darbachuu, arrabsoo, nama addaan kutuu, hamachuu, soba fi kan kana fakkaatan irraa ta'e malee wanti namoota fuula isaanitiin ibidda keessatti kuffisu ni jiraa?

https://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/66530

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee